## Aangoo fi Gahee Hojii Daayrektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa

Daayrektoreetiin Dhimmoota Yakka Adda Addaa bu'uura Labsii Lakkoofsa 214/2011 keewwata 7 fi Labsii Lakkoofsa 236/2013tiin aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata.

1. **Qorannaa Yakkaa Hoogganuu**

- Iyyannoo yookiin eeruu yakkaa simachuudhaan qajeeltoo heeraa fi seeraa irratti hundaa'udhaan qorannaan yakkaa dhugaa akka baasuu danda'utti hojjachuu
- Qorannaan yakkaa karaa ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu fi mirga namoomaa haala kabajuu fi kabachiisuun ta'uu akka qabutti sirna qorannaa yakka hoogganuu
- Adeemsa qorannaa keessatti mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uuraa lammiilee heeraa fi seeraan eeggaman kabajamuu isaanii mirkaneessuu;
- Seerota biraatiin aangoon Poolisiif kenname akkuma eegametti ta'ee, dhimmoota yakkaa aangoo mana murtii Naannichaa ta'an, akkasumas dantaa mootummaa fi uummata Naannichaatiin walqabatee Magaalaa Finfinnee keessatti raawwataman irratti barbaachisaa ta'ee bakka argametti qorannoon yakkaa akka jalqabamu taasisuu; qorannoo yakkaa gaggeeffamu hoogganuu; hordofuu; faayidaa uummataa bu'uura godhachuun yookiin dhimmichi yakkaan kan hin gaafachiisne ta'uun ifatti yammuu beekkame qorannoon jalqabame akka addaan citu yookiin qorannoon yakkaa addaan citee ture akka itti fufu taasisuu;
- Qorannaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame bu'uura Seera Sirna Deemsa Falmii Yakkaa yookiin seerota biroo rogummaa qabaniin nama kamiiyyuu dhiyeessisuun gaafachuu; jechi irraa akka fuudhamu taasisuu; nama yookiin mana hojii kamiiyyuu irraa ragaan akka dhiyaatuuf ajajuu; ragaa dhiyaate fudhachuu;
- Namoota mirga yakkaan himatamu dhabuu qabanii fi yakkaan shakkaman yookiin himatamuu qaban mirgi kun akka irraa ka'u qaama mirgicha kaasuuf aangoo qabutti dhiyeessuu; yammuu hayyamamu akka too'atamu taasisuu; himata dhiheessuu; M/Murtiitti falmii gaggeeessuu; raawwii isaas hordofuu
- Namni raawwii yakkaa keessatti hirmaate tokko dhimmichi mana murtiitti osoo hin dhihaatiin dura odeeffannoo barbaachisaa fi bu'aa qabeessa ta'e kennuun jecha ragummaa isaa kennuun bu'a qabeessummaa dhimmichaatiif kan barbaachisu yoo ta'e himannaa irraa bilisa akka ta'u taasisuu;
- Bu'uura seeraatiin eeruu kennitoota, ragaa baatotaa fi maatii isaaniitiif eegumsi akka taasifamu gochuu; deeggarsa kennuu;

- Adeemsa qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisuu keessatti meeshaalee ciraa akka ragaatti qabaman irratti qajeelfama yookiin murtii seeraa barbaachisaa ta'e kennuu;
- Mirgi namoota buufata Poolisii yookiin mana sirreessaa keessatti too'annoo seeraa jala jiran kabajamuu isaa hordofuu; haalli qabiinsa mirgaa fi yeroon turtii bu'uura seeraatiin ta'uu isaa mirkaneessuu; gochi seeraan alaa yoo raawwatame tarkaanfii seeraa fudhachuu; akka fudhatamu taasisuu;
- Murtiin Abbaa Alangaatiin kennamu madaalawaa fi tilmaamamaa akka ta'u kan gargaaru hojmaanni akka diriiru taasisuu; hojmaata diriire hojiirra oolchuu; hojiirra oolmaa isaa hordofuu;

**2. Galmee Qorannaa Irratti Murtii Kennuu**

- Galmee qorannoo yakkaa irratti bu'uura seeraatiin murtii kennuu;
- Mootummaa bakka bu'uun himata hundeessuu;
- M/Murtiitti falmii gaggeessuu;
- Faayidaa uummataatiif barbaachisaa ta'ee yoo argame himata kaasuu;
- Himata ka'e akka itti fufu taasisuu;
- Ragaan seeraa fi himatamaan akka dhiyaatan qaama dhimmi ilaaluuf ajaja kennuu; hordofuu; bu'uura ajaja kennameen raawwatamuu yoo baate tarkaanfii seeraa fudhachuu; akka fudhatamu taasisuu;

**3. Dhimmoota Oliyyannoo fi Ijibbaataa Irratti Hojjachuu**

- Himannaa M/Murtiitti dhihaatee adeemsa falmii keessatti murtii Manni Murtii sadarkaa sadarkaan jiru kennu irratti komiin yoo jiraate ol'iyyannoo gaafachuu; falmuu; hanga iyyata ijibbaataa Naannoos ta'ee Federaalaatti dhiyeessuu;raawwii murtiiwwanii hordofuudhaan akka hojiirra oolu taasisuu
- Ajajaa fi murtiiwwan yakkaa manneen murtiitiin kennaman bu'uura seeraatiin raawwatamuu isaanii hordofuu; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu;akka fudhatamu taasisuu;
- **Hojii Bulchiinsawaa fi Dandeettii Raawwachiisummaa Cimsuu**
- Karoora Biirichaa irraa ka'uun karoora Daayirektoreetichaa qopheessuu; mirkaneessisuu; gareeleef caccabsee qooduu; hojiirra oolmaa fi raawwii karoorichaa hordofuu;
- Gabaasa raawwii hojii Daayirektoreetichaa qopheessuun qaama dhimmi ilaaluuf dhiyeessuu;

- Raawwiin Gareelee Daayirektoreetii akkaataa karooraatiin raawwatamuu isaa gamaggamuu; madaaluu; ciminaa fi hanqina jiru addaan baasuu; bakka hanqinni mul'atetti haala itti sirraa'uu qabu mijeessuu;
- Hojiiwwan Daayirektoreetichaa ol'aantummaan qajeelchuu; qindeessuu; hordofuu; deeggaruu; gamaggamuu; bu'aa qabeessummaa raawwii hojiiwwanii mirkaneessuu;gabaasuu; meeshaalee fi qabeenyi raawwii hojii Daayrektoreetichaaf barbaachisu akka guutamu taasisuu;
- Naannoon hojii mijaa'aan akka uumamu taasisuu; leecalloo fi humni namaa tajaajila hojii Daayirektoreetichaaf barbaachisan akka guutaman qaama dhimmi ilaalu waliin hojjechuu;
- Dhimmoota yakka adda addaa dirqama Garee Abbootii Alangaatiin ilaalamanii murtii argachuu qaban irratti Garee Abbootii Alangaa walitti qabuu; dhimmichi Qindeessaa Garee fi Abbaa Alangaa galmeen harka jiru waliin ta'uun kan furamu yoo ta'e furmaata kenna;
- Hojii garee madaaluu, barbaachisaa ta'ee yoo argame tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu;
- Haala hojii Dameelee Dhaabbii too'achuu; hordofuu; deeggaruu; gabaasa raawwii hojii Daayirektoreetichaa qindeessuu; qajeelfama hojii kennuu;
- Iddoo hanqinni humna namaa fi dandeettiin raawwachisummaa jirutti haala mijeessuun furmaata akka argatu taasisuu;
- Hojimaataa fi qajeelfamootni hojii Daayirektoreetichaa bu'aa qabeessa akka ta'u dandeessisan akka qophaa'an taasisuu; yeroo yeroon fooyyessuu; akka fooyya'u taasisuu;
- Hojiin Daayirektoreetichaa bu'uura hojmaata, qajeelfamootaa fi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa jiraachuu hordofuu;
- Qaawwa dandeettii raawwachiisummaa Garee Daayirektoreetichaa bira jiru adda baasuu;akka fooyya'u taasisuu; Abbootiin Alangaa dabaree dabareen leenjii kennamu irratti akka hirmaatan taasisuu;
- Haala qabiinsa ragaa ammayyeessuun hojiirra oolchuu
- Hojii isaa ilaalchisee qorannaa fi qo'annoo hojii taasisuu; akka taasifamu gochuu; ragaalee fi istaatistiiksii adda addaa walitti qabuu; qindeessuu; tamsasuu;gabaasuu.

## 4. Komii fi Iyyannoo Adda Addaa Simachuudhaan Furmaata Kennuu

- Komii fi iyyannoo tajaajilamaa Qindeessitoota Dameeleen yookiin Qindeessaa Gareetiin furmaata hin arganne fuudhuu; qorachuu; sakatta'uu; tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu;
- Gareeleen Daayirektoreetii naamusa gaariin hojii isaa akka raawwatu ni jajjabeessa; deeggaruu; kanneen naamusa cabsan akka itti gaafataman ni taasisuu;
- Hojii biroo Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaa Damee irraa isaaf kennamu raawwata
- Iyyannoo ol'iyyannoon naaf haa gaafatamu jedhamee abbaa dhimmaa irraa dhihaatu simachuudhaan murtii deeggarsa seeraa qabu kennuu
- Iyyannoo ijibbaanni naannootti naaf haa gaafatamu jedhamee abbaa dhimmaa irraa dhihaatu simachuudhaan murtii deeggarsa seeraa qabu kennuu;akka kennamu taasisuu
- Iyyannoo ijibbaanni federalaatti naaf haa gaafatamu jedhamee abbaa dhimmaa irraa dhihaatu simachuudhaan murtii deeggarsa seeraa qabu kennuu
- Iyyannoo mirgi himatamuu dhabuu nama shakkamee irraa haa kaafamu dhihaatu simachuudhaan yaada murtii qaama ilaaluuf dhiheessuu
- Iyyannoo himannaan Abbaa Alangaa akka ka'u jedhamee dhihaatu simachuudhaan murtii deeggarsa seeraa qabu kennuu
- Iyyannoo qorannaan yakkaa akka adda citu jedhamee dhihaatu simachuudhaan murtii barbaachisaa ta'e kennuu
- Qajeelfama Dameelee/Godinaalee irraa dhihaatu simachuudhaan deebii seera qabeessa ta'e kennuu